# Dambii Ittiin Bulmaata Paartii Badhaadhinaa

(Yaa'ii Paartii Badhaadhinaa
Jalqabaatiin kan Mirkanaa'e)

*Bitootessa, 2014 A.L.I*
*Paartii Badhaadhinaa*
*Finfinee*

# *Baafata*

*Seensa* ........................................................................................................4

Boqonnaa Tokko

*I. Tumaalee Waliigalaa* ........................................................................ 5
*Keewwata Tokko--Mata Duree Gabaabaa* ............................................. 5
*Keewwata Lama- Maqaa Paartichaa* ..................................................... 5
*Keewwata Sadii -Asxaa Paartichaa* .......................................................5
*Keewwata Afur--Afaan Hojii Paartichaa* ...............................................7
*Keewwata Shan -Laallee Paartichaa* ......................................................7
*Keewwata jaha--Waajjira Paartichaa* .....................................................7
*Keewwata Torba--Kaayyoowwan, Qajeeltoowwan, Dudhaaleefi Sirna Hojimaataa Paartichaa* ................................................. 7
*Keewwata Saddeet--Qajeeltoo Filannoofi Sirna Hojimaata Paartichaa* ........ 12

Boqonnaa Lama

*II. Miseensummaa* ..................................................................................13
*Keewwata Sagal-Waa'ee Miseensa Paartichaa Ta'uu* ..............................13
*KeewwataKudhan-IyyannooMiseensummaafDhiyaatu*.............................14
*Keewwata Kudha Tokko--Mirga Miseensaa* ............................................15
*Keewwata Kudha Lama-Dirqama Miseensaa* ........................................16
*Keewwata Kudha Sadii--Sababa Hanqina Naamusaa Tarkaanfiiwwan Miseensota Irratti Fudhataman* .................................17

Boqonnaa Sadii

*III. Gurmaa'insaa fi Caasaa Paartichaa* ..........................................20
*Keewwata Kudha Afur--Gurmaa'insa Paaarichaa fi Qaamolee hoggansaa* ..20
*Keewwata Kudha Shan--Yaa'ii Paartichaa, Gurmaa'insa Konfiraansii Partichaa Sadarkaa Naannoo, Finfinnee, Dire Dhaawaa, Godinaa, Magaalaa fi Gandaa* ..................................................................21
*Keewwata Kudha Jaha--Yaa'ii Paartichaa* ............................................21
*Keewwata Kudha Torba--Aangoo fi Ittigafatmummaa Yaa'ii Paartichaa፣* ................................................................... 23
*Keewwata Kudha Sadddeet--Koree Giddu Galeessaa Paartichaa* ..............24
*Keewwata Kudha Sagal--Koree Hojii Raawwachiiftuu Paartichaa* .......... 26
*Keewwata Digdama--Waltajjii Waloo Gaggeessitoota Paartii Naannoofi Federaalaa* ..................................................................28
*Keewwata Digdami Tokko--Pirezidaantii Paartichaa* ..............................29
*Keewwata Digdami Lama --Itti Aantota Pirezedaantii Paartichaa* ...........29

*Keewwata Digdamii Sadii --Koomishinii Naamusaafi Inispeekshinii Paartichaa* ....................30
*Keewwata Digdami Afur--Waajjira Muummee Paartichaa* ....................33

## Boqonnaa Afur

*IIV. Gurmaa'insa Naannoo Paartichaa* .................... 36
*Keewwata Digdami Shan: Caaseffamaafi Gurmaa'insa Paartii* ....................36
*Keewwata Digdamii Jaha-Koonfiransiifi Sirna Hojmaata Paartii naannoo, Finfinnee, Dirree Dawaafi Dhaabbilee Federaalaa* ....................37
*Keewwata Digdami Torba--Hojiifi Ittigaafatamummaa Koonfiransii Paartii*....................38
*Keewwata Digdamii Saddeet--Koree Qindeessituu Paartii Naannolee, Finfinneefi Dirree Dawaa akkasumas Dhaabbilee Federaalaa* ....................39
*Keewwata Digdamii Sagal-Waajjiraalee Paartii Sadarkaan Jiran*.................... 40
*Keewwata Soddoma--Liigii Dubartootaa Paartii Badhaadhinaa* .................... 41
*Keewwata Soddomi Tokko--Liigii Dargaggootaa Paartii Badhaadhinaa* ....................43

## Boqonnaa Shan

*V. Tumaalee Adda Addaa* .................... 45
*Keewwata Soddomi Lama--Bara Hojii* ....................45
*Keewwata Soddomii Sadi--Madda Faayinaansii Paartichaa* ....................45
*Keewwata Soddomii Afur --Qabeenya Namaa, Faayinaansii, Qabeenya, Sirna Hojmaata Galmeewwan Hirregaa Paartichaa* ....................45
*Keewwata Soddomii Shan--Sirna Waldhabdeen Paartii Keessatti Uumame Ittiin Hiikamu*....................46
*Keewwata Soddomii Jaha--Walitti Makaminsa, Qindoomina ykn Sirna Adda Uumuu Paartichaa* ....................46
*Keewwata Soddomii Torba--Diigamuu Paartichaa* .................... 46
*Keewwata Soddomii Saddeet--Yaa'ii Gorsitootaa Paartii (Think tank)* ..... 47
*Keewwata Soddomii Sagal-Olaantummaa Danbii Ittiin Bulmaataa Paartichaa* ....................47
*Keewwata Afurtama--Aangoo Qajeelfama Baasuu*....................47
*Keewwata Afurtamii Tokko--Danbii Ittiin Bulmaataa Fooyyessuu, Jijjiiruufi Kufaa Taasisuu* ....................48
*Keewwata Afurtamii Lama--Haala Danbiin Ittiin Bulmaataa Itti Ragga'u* ...48

# Seensa

Nuti miseensotni Paartii Badhaadhinaa, guddinaa fi badhaadhina waliinii biyya keenya Itoophiyaa mirkaneessuuf ka'uudhaan;

Biyya keenya boqonnaa itti aanutti ceesisuuf mul'ataafi seenessa haaraa kan barbaachisu ta'uu isaatti amanuun;

Itoophiyaa ol'aantummaa seeraafi dimokiraasii kan keessatti mirkanaa'e, mirgi dhuunfaafi garee haala walmadaaleen kan keessatti kabajame, lammiileen hiyyumaa keessaa bahanii badhaadhinaan kan keessa jiraatan, guddina diingadee cimaa fi itti fufiinsa qabu kan keessatti mul'atu, walatajjiiwwan ardii afirikaa, kutaa ardii afrikaa fi adunyaa irratti Itoophiyaa gahee adda durummaa qabdu arguuf abdii qabnu irraa ka'uun;

Itoophiyaa badhaate, eenyummaan sabdaneessummaa gabbatee fi tokkummaan ishee cime dhugoomsuuf kutannoo qabnu iraa ka'uun;

Kana dhugoomsuufis falaasama ida'amuufi tokkummaa irraa ka'uun Itoophiyaa arguu barbaadannu ijaaruuf hirmaannaa tokkoon tokkoon keenyaa kan barbaadu ta'uu isaa hubachuun, gahee keenya bahachuuf kutannoo cimaadhaan gurmoofnee qabsaa'uun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Dambii itiin bulmaataa Paartii Badhaadhinaa (Badhaadhina) bocuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Filannoo, Galmee Paartilee Siyaasaafi Naamusa Filannoo Lakkoofsa 1162/2011 keessatti tumaalee jiran kan kabaju Dambii Ittiin Bulmaata Paartii Badhaadhinaa yaa'ii hundeeffamaa Paartii keenyaa irratti mari'achuun sanada seera qabeessa Paartii keenyaa taasisuun mirkaneessinee jirra.

# Boqonnaa Tokko

## Tumaalee Waliigalaa

### *Keewwata Tokko - Mata Duree Gabaabaa*

Dambiin Itti bulmaataa kun "Dambii Ittiin Bulmaataa Paartii Badhaadhinaa" jedhamee waamamuu ni danda'a.

### *Keewwata Lama- Maqaa Paartichaa*

Maqaan waamama Paartichaa "Paartii Badhaadhinaa" **(Badhaadhina)** dha.

### *Keewwata Sadii -Asxaa Paartichaa*

**1) Haalluufi Teessuma Asxichaa**

- *Teessoo geengoo adii keessatti gara jalaatiin fakkii harka namaa hammachuuf qophaa'e kan qabu, jiddugaleessatti fakkiin harka nama hammatuu fakkicha keessatti kan mul'atan namoota halluu adda addaa sadii qaban kan keessatti argamanii dha.*
- *Dabalataanis calaqqee ifaa keelloo keessaa alatti mul'atan keessa isaatti hammatee kan qabate dha.*

**2) Hiikoo Waliigalaa Asxichaa**

- *Asxichi sabdaneessummaa biyya keenyaa, tokkummaa biyyaa, kabaja biyyaa, nageenya, dimokiraasii fi ilaalama badhaadhinaa kan qabu ta'ee keessaa gara alaatti bal'achaa kan deemu walitti dhufeenya naannawaa, ardii fi addunyaa kan agarsiisu dha*

**3) Tarreeffama Hiikaa Asxichaa**

- **Harka**

▪*Fakkiin harka namaa asxicha gara jalaatiin mul'atu Badhaadhin-*

*ni hunda kan hammatuufi hirmaachisaa ta'uu isaa kan agarsiisu ta'ee harkichi gurraacha kan inni ta'eef Itoophiyaanonni fakkeenya bilisummaafi injifannoo uummata gurraachaa ta'uu keenya kan agarsiisu dha.*

- **Fakkii Namootaa**

▪ *Badhaadhinni Paartii nama jiddugaleessa godhate ta'uu isaa kan agarsiisu yoo ta'u, Paartichi badhaadhina waliigalaa ilma namaatiif kan qabsaa'u ta'uu isaa bakka bu'a. Fakkiin namootaa halluun isaanii cuquliisa, keelloo fi roozii ta'ee adda adda ta'uun isaa sabdaneessummaa Itoophiyaanota akka agarsiisuufi sabdaneessummaan bareedinaafi mallattoo cimina tokkummaa keenyaa kan bakka bu'u dha.*

- **Ifa Boruu**

▪ *Calaqqeewwan ifaa gara oliitti mul'atan ifa boruu kan bakka bu'an ta'ee ifti dukkana cabsee kan dhufu ta'ee Paartiin Badhaadhinaa Itoophiyaa gara olka'iinsaafi gara bara ifaatti ceesisuuf kan qabsaa'u ta'uu isaa bakka bu'a. (Bara abdiifi badhaadhinaa bakka* bu'a.)

## ***Keewwata Afur--Afaan Hojii Paartichaa***

1) Paartichi Afaanota Itiyoophiyaa hundaafuu beekamtii guutuu kenna.
2) Sadarkaa Mootummaa Federaalaatti afaan hojii Paartichaa akkaataa Heera Mootumma Federaalaa fi Afaan hojii Naannoleen Heera Mootummaa isaanii afaan hojii isaanii taasisuun afaanota mirkaneessan ta'a.
3) Waajjiraaleen Paartichaa sadarkaan jiran haala qabatamaa isaanii jiddugaleessa godhachuun yoo xiqqaate Afaan hojii Paartichaa tokko dabalataan fayyadamuu ni danda'u.

## Keewwata Shan -Laallee Paartichaa

1) Laalleen Paartichaa “Badhaadhina”
2) Laalleen Paartichaa afaan hojii Paartichaatiin kan qophaa’u laallee– afdaneessadha.
3) Keewwata kana keewwatni xiqqaan 2 akkuma eegametti ta’ee, afaanota biyyattii fi biyyoota alaa kan birootiin qophaa’uu ni danda’a.

## Keewwata jaha--Waajjira Paartichaa

1) Waajjirri ol’aanaa Paartichaa Addis Ababa/Finfinnee dha.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee, Paartichi Naannoleetti, bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi dirre Dhaawaatti, bulchiinsa magaalotaa (Godinaaleetti), Aanaalee addaatti, kutaalee magaalaa sadarkaa Godinaatti, Aanaaleetti, magaalotaafi kutaalee magaalaa sadarkaa Aanaalee, bulchiinsa gandaatti, Waajjiraalee bulchiinsa gandaatti Waajjira qabaachuu ni danda’a.
3) Akkaataa barbaachisummaa isaatti biyya alaatti Waajjiraalee banachuu ni danda’a.

## Keewwata Torba--Kaayyoowwan, Qajeeltoowwan, Dudhaaleefi Sirna Hojimaataa Paartichaa

1) Kaayyoowan Paartichaa kanneen armaan gadii ti.
   a) Biyyafi mootummaa sabdaneessummaa fi tokkummaa itti fufiinsa, fudhatma qabu, cimaa fi dimokiratawaa taate ijaaruu;
   b) Sirna diingadee misoomaa fi fayyadamummaa haqa-qabeessummaa mirkaneessu ijaaruu;
   c) Misooma hawaasummaa badhaadhina hundaleessa gonfachiisu mirkaneessuu;
   d) Qunnamtii alaa kabajaafi faayidaa biyyaalessaa jiddugaleessa godhate gaggeessuu;

2) Qajeeltoowwan bu'uuraa Paartichaa kanneen armaan gadii ti:
   a) Uummattummaa;
   b) Dimokiraasummaa;
   c) Ol'aantummaa seeraa;
   d) Misoomaafi fayyadamummaa haqa-qabeessa;
   e) Raawwii qabatamaa;
   f) Tokkummaa biyyaafi sabdaneessummaa;
   3) Duudhaleen Paartichaa kanneen armaan gadii ti:
   a) Kabaja lammiilee fi uummattootaa;
   b) Bilisummaa;
   c) Haqa
   d) Obbolummaa fi obboleettummaa sabdaneessa;
   e) Walkabajuufi waldanda'u;
   f) Tokkummaa sabdaneessummaa;
   g) Hirmaachisummaa;
   h) Iftoominaafi itti gaafatamummaa;
4) Qajeeltoowwan hojimaata Paartichaa kan armaan gadii ti:
   a) Partichi Heera Mootummaa biyyattii fi Naannolee fi seerota biro kabajuun hojii isaa ni raawwata;
   b) Miseensotni Paartichaa tumaalee Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 -3 jalatti tumaman raawwachuuf,kabajuufi kabachiisuuf itti gaafatamummaa ni qabaatu;
   c) Miseensotni Paartichaa yaada dhuunfaa isaanii tarkaanfachiisuuf mirgi isaan qaban akkuma eegametti ta'ee, murtii Paartichaa raawwachuufi raawwachiisuuf itti gaafatamummaa fi dirqama ni qabaatu;
   d) Miseensi kamiyyuu Paarticha keessatti sagalee walqixaafi adeemsa murtii kennuu keessatti sagalee tokko qofa ni qabaata;
   e) Murtiin Paartichaa sadarkaa hunadatti mariin dimokiraatawaan erga gaggeeffameefi hubannoon waliinii erga irrati qabatamee booda sagalee guutuun akka murtaa'u tattaaffiin ni taaasifama;

f) Dhimmoota sagalee guutuun murteessuun hin danda'amne irratti murtiin kan kennamu sagalee caalmaadhaan ta'a. Raawwiin isaas qaama murteesseefi caasaa gadii irratti raawwatiinsa ni qabaata;
g) Haala addaatiin Dambii kanaan kan murtaa'e yoo ta'e malee, murtiin Paartichaa sagalee caalmaadhaan ta'a. Sagaleen kenname walqixa yoo ta'e, sagaleen walitti qabaan deggarame murtii Paartichaa ta'a.
h) Dambii kanaan haala addaatiin kan murtaa'e yoo ta'e malee, walgahiin caasaa Partichaa kamiyyuu guutuu dha kan jedhamu Yaa'ii Waligalaa Paartichaa yookiin hirmaattota keessaa %51fi isaa ol kan argaman yoo ta'e dha.
i) Walgahii hunda hunda irratti keessumaayyuu walgahiiwwan ariifachiisaa miseensotni dhimmi ilaallatu hundi argamuun dirqama isaaniiti. Ta'e jechuun kooramiin walgahichaa guutuu akka hin taane taasisuun dhorkaadha. Kooramiin walgahii akka hin guunne balleessaa naamusaatiin kan itti gaafatamu ta'a.
j) Murtii sadarkaa kamiyyuu irratti murtaa'e irratti hirmaattota keessaa harki 1/3ffaan murtichi irra deebi'ee akka ilaalamu gaaffii kan dhiyeessan yoo ta'e, dhimmichi mariidhaaf banaa ta'ee irra deebiin murtiin ni kenna;
k) Murtii Waltajjii tokko irratti dhimma murtaa'e irratti iyyanni dhiyaatee waltajjiidhuma sana irratti fudhatama kan argate yoo ta'e, iyyannoon irra deebiin hin dhiyaatu; Dhimmicha irratti iyyannoo dhiyeessuun kan danda'amu dhimmicha qabatamaan raawwachaa carraa yaa'ii yookiin Konfiraansii adeemsaan banamuun yookiin mallattoo barreeffamaa walitti qabuu qofaan ta'a.
l) Gaaffiin irra deebiin nuuf haa ilaalamuu yammuu dhiyaatu qaamni murticha kenne yaa'ii irra kan jiru yoo ta'e, iyyannichi jechaan yookiin barreeffamaan dhiyaatee akkaataa

dhimmicha irra taa'een ni ilaalama;

m) Iyyannicha qaamni dhiyeessu iyyannoo isaa barreeffamaan qopheessuun walitti qabaaf ni dhiyeessa;Walitti qabaan iyyannicha yeroo gabaabaa keessatti qaamota dhimmi ilaallatu hundaaf dhaqqabsiisuun kanneen iyyannicha deggaran kamiyyuu akka mallatteessan ni taasisa; qaamota dhimmi ilaallatu keessaa harki 1/3ffaan kan mallatteessan yoo ta'e dhimmichi walgahii idilee yookiin ariifachiisaa itti aanu irratti akka ilaalamu ni taasifama;

n) Hojimaatni Paartichaa kamiyyuu iftoominaafi dimkiraasummaa irratti kan hundaa'an ta'u.

o) Qaamoleen hoggansa ol'aanaa Paartichaa ejjennoowwaniifi murtiiwwan dhimmaa ol'aanaa biyyattiifi uummata ishee irratti qaban kamiyyuu qaama murticha dabarseen iccitiin qabamani akka turan yoo murtaa'e malee, ibsa barbaachisaa waliin miseensotaafi akkkaataa barbaachisummaa isaatt uummataaf ifa ni taasifama.

p) Murtiiwwaniifi kallattiiwwan yaa'iiwwan, konfiraansotaa fi walgahiiwwan Paartichaa irratti darban qaboo yaa'iitiin qabamanii mirkanaa'anii ni kaa'amu.

q) Hojimaatni dhimmootni paartichaa haala addaatiin iccitiin itti turan ni diriirfama.

r) Qaamoleen Paartichaa sadarkaan jiran murtiiwwan murteessaaniif dhuunfaanis ta'e waloon itti gaafatamummaa guutuu ni fudhatu. Dabalataanis itti gaafatamummaa bahuu dhabuun yookiin aangoo kennameen hojjechuun itti gaafatamummaa ni hordofsiisa.

s) Akkaataa Dambii ittiin bulmaata Paartichaa yookiin seerota biyyattiitiin ittigaaftamummaan akkaataa haala dhimmichaatiin tarkaanfii bulchiinsaa yookiin seeraa kan hordofsiisu ta'a.

t) Qaamoleen Paartichaa sadarkaa sadarkaan argaman tarreeffama sochii hojii isaanii kan agarsiisu karooraafi gabaasa

yeroon dhiyeessuuf ittigaafatamummaa ni qabaatu; qaamoleen ol'aana duubdeebii yeroo isaa eeggate kennuu qabu.

u) Miseensotnii fi gurmaa'iinsaaleen bu'a qabeessummaa hojii isaanii kan ittiin madaalaniifi wal irraa kan ittiin baratan yeroo marii idilee ni qabaatu.

v) Paartichi miseensota, hoogganssafi caasaa isaa raawwii hojii ol'aan qabu agarsiisaniif sirna hojimaata beekamtiifi badhaasni itti kennamu ni hordofa;

w) Paartichi sadarkaa hundatti kallattiifi hojimaata dargaggootaafi dubartoota ittiin hirmaachisuufi gahoomsu ni hordofa.

x) Quunnamtiin Paartichi Paartilee siyaasaa biro waliin qabaatu kanneen akka biyyaatti jiraniif giddugaleessaan kan murtaa'u ta'ee akkaataa barbaachisummaa isaatti caasaa Paartichaa kanneen sadarka sanaa gaditti irratti raawwatiinsa qabaachuu ni danda'a.

y) Qaamoleen hawaasaa deggarsa addaa barbaadaniifi lakkoofsaan xiqqoo ta'an miseensotni Paartichaa fi gurmaa'insi isaanii sadarkaan jiran bakka bu'iinsa barbaachisaa akka argatanii fi fayyadamaa tarkaanfii sirreeffamaa akka ta'an ni taasifama. Tarreeffamni isaa Qajeelfama Koreen giddugaleessaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

z) Kaayyoowan, sagantaaleefi karoorri Paartichaa kan raawwataman Waajjira muummee Paartichaa, Naannolee, kutaa magaalaa fi Waajjira Paartichaa, gurmaaa'insa Paartichaa sadarkaan jiraniifi karaa caasaa Paartichaa biyya alaa jiraniin ta'a.

Zy). Tarkaanfiin naamusaa Miseensotaa fi miseensa kaadhimamaa Paartichaa irratti fudhatamu naamusa paartichaa gabbisuuf, dogoggoraa fi hanqinaalee sirreessuufi qulqullinaafi cimina Paartichaa eeguuf kan tajaajilu ta'uu qaba.

## *Keewwata Saddeet--Qajeeltoo Filannoofi Sirna Hojimaata Paartichaa*

1) Akkaataan filannnoo miseensotni Koree Giddugalaa, miseensotni koree hoji raawwachiiftuu, Pirezidaantiifi Itti aantotni Pirezidaantifi Walitti Qabaan koree Inispeekshinii fi Naamusaa, I/A/Walitti qabaa fi barreessaan Paartichaa haala ifa, bilisaafi haqa-qabeessa ta'een sagalee iccitiin kennamuun kan raawwatamu ta'a.

2) Paarticha keessatti filannoon iddoowwan hooggansaa taasifamu hirmaannaa koornayaa giddugaleessa kan godhate ta'uu qabu.

3) Miseensi Paartii kamiyyuu akkaataa Dambii kana keewwara 18 keewwata xiqqaa 8 (e)tiin sirna hojimaata filannoo Paartichatiin ibsameen filannoo waliigalaa, Naannoo fi itti guutiinsaafi irra deebii irratti Paarticha bakka bu'uun dorgomuuf mirga qaba.

# Boqonnaa Lama

## II. Miseensummaa

### Keewwata Sagal- Waa'ee Miseensa Paartichaa Ta'uu

1) Ulaagaawwan armaan gadii kan guute lammiin Itoophiyaa kamiyyuu miseensa Paartichaa ta'uu ni danda'a:
   a) Sagantaafi Dambii Ittiin Bulmaata Partichaa fudhachuun kutannoon hojiirra oolchuuf fedhii kan qabu;
   b) Naamusa gaarii kan qabuufi ummata biratti fudhatama kan qabu;
   c) Sabdaneessummaafi tokkummaa biyyaalessaa irratti ejjennoo cimaa kan qabuufi ilaalchotaafi gochaalee wal hinsimne irratti ciminaan kan qabsaa'u;
   d) Uummataafi lammiilee walqixa kan tajaajilu, faayidaa uummataa kan dursu, malaamaltummaafi hojimaatilee badaa irraa kan of fageesssefi kanneen biro irraati kan qabsaa'u;
   e) Dudhaaleefi kaayyoowwan paartichaa fudhachuun ittigaafatamummaa kennameef bahachuuf kutannoo kan qabu;
   f) Buusii miseensummaa ji'aa kaffaluuf hayyamamaa kan ta'e;
   g) Umriin isaa waggaa 18fi isaa ol kan ta'e;
   h) Miseensa Paartii biraa kan hin taane;
   i) Miseensa Paartii ta'uuf mirgi isaa seeraan kan hin daangeffamne yookiin murtii Mana Murtiitiin kan hin mulqamne;
   j) Akkaataa Dambii Ittiin bulmaataa kanaan murtaa'een yeroo yaalii isaa kan xumure miseensa Paartichaa ta'uu ni danda'a.

2) Daangaa umrii miseensummaafi miseensummaa kabajaa ilaalchisee tarreeffamni raawwii isaa Koree Giddugaleessaatiin ni baha.

## *Keewwata Kudhan-Iyyannoo Miseensummaaf Dhiyaatu*

1) Miseensa Paartichaa ta'uuf lammiin murteesse tokko seelii Paartichaa nannawa bakka hojii isaa yookiin bakka jireenya isaatti iyyachuu ni danda'a.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan jiru akkuma eegametti ta'ee, caasaan yookiin miseensi Paartichaa sadarkaan jiru nama sagantaafi dambii ittiin bulmaata Paartichaatiif amanamaadha jedhee itti amane miseensummaa Paartichaatiif foo'achuu ni danda'a.

3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2tiin ulaagaa guutee namni foo'atame ji'a jahaaf miseensa yeroo yaalii ta'ee ni tura.

4) Seeliin Paartichaa raawwii miseensa kaadhimamaa ilaalee miseensa guutuu taasisuu yookiin yeroo dabalataatiif kaadhimamummaa miseensichaa yeroo ji'a sadii hin caalleef akka dheeratu hundee Paartiitiif yaada murtii ni dhiyeessa; Murtii hundee paartii irraa kaadhimamaan komii qabu gurmaa'insa Paartichaa sadarkaa tokko ol siqee jirutti komii isaa dhiyeeffachuu ni danda'a.

5) Yeroon turtii miseensa kaadhimamummaa yeroo tokkoo ol dheetrachuu hin danda'u. Adeemsa hordoffiitiinis addaan cituu ni danda'a.

6) Miseensi kaadhimamichaa yeroo turtii yaalii isaatiin ergama Paartichi kenneef ni raawwata.

7) Haalli foo'annoo, ijaarsi, ramaddiin, madaallii fi miseensummaa irraa gaggeeffamuun miseensichaa qajeelfama tarreeffamaa Koreen Giddu Galeesaa baasuun kan raawwatamu ta'a.

## *Keewwata Kudha Tokko--Mirga Miseensaa*

1)Miseensi Paartichaa kamiyyuu mirgoota armaan gadii ni qabaata:

a) Qaamota Paartichaa keessatti mirga filachuufi filatamuu;

b) Yaa'iiwwan Paartichaa irratti mirga hirmaachuu, marii irratti hirmaachuu fi dhimmoota sagaleen murtaa'an irratti mirga sagalee kennuu, dhimmmoota kamiyyuu irratti waltajjiiwwan seera qabeessa ta'an irratti yaada isaa barreeffammaanis ta'ee jechaan dhiyeessuu;

c) Qaama yookiin miseensa Paartichaa kamiyyuu irratti hanga danda'ametti ceephoo ragaan deggarame dhiyeessuu;

d) Murtii Paartichaa kamiinuu irratti komii yoo qabaate komii isaa akkaataa Dambii itiin bulmaataatiin qaama ilaallatu sadarkaan jiruuf dhiyeessuu;

e) Waa'ee dhuunfaa isaa, waa'ee qaamaa, dhimma Paartichaa waan beekuu barbaadu hanga Koree Giddu Galessaa Paartichaa mirga gaafachuu fi beekuu;

f) Dambii ittiin Bulmaata, Sagantaa, ejjennoowwan fi murtiiwwan Paartichaa kanneen birootiif beeksisuuf, hubachiisuufi qabatamaan akka hojiirra oolu taasisuu fi;

g) Yeroo kamiiniyyuu barreeffamaan iyyatee fi qaabeenya Paartichaa harkaa isaa jiru haala ittigaafatamummaa qabuun deebisee miseensummaa irraa bahuuf mirga qaba.

2) Miseensi kaadhimamaan kamiyyuu qaama Paartichaa sadarkaan jiru keessatti mirga filachuufi filatamuu, akkasumas sagalee kennuu hin qabu; Mirgoota miseensummaa kan biro garuu fayyadamaadha; dirqamootallee ni qabaata.

## *Keewwata Kudha Lama-Dirqama Miseensaa*

Miseensi Paartichaa kamiyyuu dirqamoota armaan gadii ni qabaata:

1) Yeroofi bakka kamitiyyuu sagantaa, Dambii Ittiin bulmaata, qajeelfamoota, murtiiwwanii fi karoorawwan akkaataa seera Paartichaatiin mirkanaa'an beekuuf, fudhachuuf, kabajuufi ittiin abboomamuufi hojiirra oolmaa isaaniitiif adda durummaan qabasaa'uuf;

2) Damee fi itti gaafatamummaa hojii irra jirutti tokkummaa, qulqullinaa fi cimina, yaadarimeewwan Paartichaa eeguuf hirmaannaa guutuu taasisuuf;

3) Qaajeeltoowwan, yaadarimeewwan fi seera naamusa miseensotaa kabajuufi nageenyummaa fi bilisummaa Paartichaa fi biyyaa eeguuf;

4) Seerota fi murtiiwwan adda addaa mootummaa biyyaattii kabajuuf;

5) Ilaalchotaa fi gochaalee tokkummaa, qulqullinaa fi cimina Paarichaa miidhanii fi gochaalee saaxiluu fi qabsaa'uuf;

6) Paarticha keessatti ejjennoowwan dhuunfaan yookiin murna muraasaan qabame akka ejjennoo Paartichaa ta'etti fakkeessuun haala kaminiyyuu miidiyaa irratti tamsaasuu irraa of qusachuuf;

7) Gochaalee walitti dhufeenya gaarii miseensota jidduu jiru xureessu irraa of qusachuuf;

8) Akkaataa Dambii Kana keewwata 18 keewwata xiqqaa 8 (K) jalatti akka tumametti akkaataa gosaa fi kaffaltii qajeelfama Koreen Giddu Galeesaa Paarichaa baaseen buusii miseensummaa kaffaluu;

9) Qabeenya Paartichaa sirnaan eeguuf;

10) Malaamaltummaa irraa bilisa ta'uu, hojimaata malaamaltummaa fi loogummaa irraa bilisa ta'uufi irratti qabsaa'uufi;

11) Naannoo yookiin bakka hojii tokko irraa gara naannoo yookiin bakka hojii biraatti dhaabbiidhaan gadi lakkisee deemu qaama Paartii biraa gadi lakkiseefi itti deeme beeksosuu; qabeenya Paartichaa qaama Paartii biraa gadi lakkisetti deebisuu qaba.

## *Keewwata Kudha Sadii--Sababa Hanqina Naamusaa Tarkaanfiiwwan Miseensota Irratti Fudhataman*

1) Miseensi kamiyyuu haalota armaan gadiitiin tarkaanfiin of eeggannoo afaanii irraa eegale miseensummaa irraa gaggeessuu irratti fudhatamuu ni danda'a.
   a) Sagantaa, Dambii Ittiin bulmaata, murtiiwwanii fu qajeelfamoota Paarichaa miseensa hin kabajne yookiin balleessawwan naamusaa kan biro miseensi yookiin kaadhimamaan raawwate dhimmichi bal'inaan ilaalamee akkaataa ulfaatina balleessaa isaatiin tarkaanfiin naamusa irratti ni fudhatma;
   b) Miseensi kamiyyuu sababa amansiisaa hin hin taaneen buusii miseensummaa Paartichaa ji'a jahaaf walitti aansee kan hin kaffalle yoo ta'eefi buusii irra jiru kaffaluuf hayyamamaa kan hin qabne yoo ta'e miseensummaa irraa fedhii isaatiin akka gadi lakkisetti lakkaawama;

c) Miseensi kamiyyuu raga sirrii irratti osoo hin hundaa'in miseensa kan fooyyate yookiin miseensummaa irraa akka dhorkamu kan taasise, yookiin miseensota kan yakke yoo ta'e balleessaa naamusaatiin ni gaafatama;
d) Hoggansi yookiin Miseensi Paartichaa kamiyyuu gabaasa sobaa kennuus ta'e fayyadamuun dhorkaadha.
e) Paarticha keessatti aanjaa yookiin garee uumuun yookiin babal'isuun dhorkaadha;
f) Miseensi kamiyyuu miseensa paartii bira ta'uun isaa kan irra gahame yoo ta'e miseensummaa irraa ni haqama.
g) Armaan olitti kan ibsaman akkuma eegametti ta'ee, akkaataa seerota biyyattiitiin balleessa dha jedhaman gochoota tumaman kan raawwate ta'uun isaa yoo mirkanaa'e akkaataa hojimaata Paartichaatiinis ittigaafatamaa ta'a.
h) Ulfaatinni balleessaawwan miseensotnii fi miseensotni kaadhimamaan Paartichaa raawwatan ilaalamee tarkaanfiiwwan armaan gadii ni fudhatamu:

### ▪ *Miseensa Guutuudhaaf:*

a) Gorsa;
b) Ofeeggannoo afaanii;
c) Of eeggannoo barreeffamaa;
d) Itti gaafatamummaa irraa dhorkuu;
e) Ittiggaafatmummaa qabu irraa gadi siqsuu;
f) Ittigaafatamummaa irara kaasuu;
g) Miseensummaa irraa dhorkuu
h) Miseensummaa irara haquu;

- ***Miseensa Kaadhimamaadhaaf:***

a) Miseensa kaadhimamummaa yeroo yaalii tokkoof dheeressuu;

b) Miseensa kaadhimamummaa irraa haquu;

i) Miseensi yookiin kaadhimaamaan tarkaanfiin Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame irratti fudhatame komii isaa caasaa Paartichaa sadarkaan jirutti dhiyeeffatee murtii kennamu irratti komii kan qabu yoo ta'e koree Inispeekshinii fi Naamusaa Paartichaa sadarkaan jirutti komii isaa dhiyeeffachuu ni danda'a;

j) Akkaataan fudhannaa tarkaanfii hanqina naamusaa miseensotaafi raawwiin isaa qajeelfama Koreen Giddugaleesasa baasiin kan raawwattamu ta'a.

# Boqonnaa Sadii

## III. Gurmaa'insaa fi Caasaa Paartichaa

### *Keewwata Kudha Afur--Gurmaa'insa Paaarichaa fi Qaamolee hoggansaa*

1) Gurmaa'insi Paartichaa caasaa Heera Mootummaa Federalaawaa biyyattii kan hordofe dha. Haaluma kanaa gurmaa'insi dhaabbatummaa Paartichaa kan armaan gadii ti:
   a) Federaala;
   b) Naannoo, Finfinnee/Addis Ababaa fi Dirre DHaawaa;
   c) Godina/Magaalaa/Kutaa Magaalaa/ Aanaa fi Ganada;
   d) Aanaa/Magaalaa/Kutaa Magaalaa;
   e) Ganda dha.
   2) Paartichi gurmaa'insa caasaa armaan gadii ni qabaata:
   a) Yaa'ii;
   b) Koree Giddu Galeessaa;
   c) Koree Hojiraawwachiiftuu;
   d) Waltajjii Waliinii Hoogganse Paarttichaa Federaalaa fi Naannolee;
   e) Pirezidaantii;
   f) I/Aaantota Pirezidaantii;
   g) Komishinii Inispeekshiniifi Naamusaa;
   h) Waajjira Ol'aanaa Paartichaa;
   i) Waajjira Paartichaa Naannolee;
   j) Liigii Dubartoota Paartii Badhaadhinaa;
   k) Liigii Dargaggootaa Paartii Badhaadhinaa;
   l) Hundeefi Seelii Paartichaa;

   3) Miseensotni Paartichaa sadarkaa hndeefi seelii naannawa hojii yookiin jireenya isaaniitti kan hundeefffamu ta'a.

## *Keewwata Kudha Shan-Yaa'ii Paartichaa, Gurmaa'insa Konfiraansii Partichaa Sadarkaa Naannoo, Finfinnee, Dire Dhaawaa, Godinaa, Magaalaa fi Gandaa*

1) Yaa'iin Paartichaa sadarkaa Federaalaatti gurmaa'a.

2) Sadarkaa Naannotti Konfiraansii Naannoo, akkasumas Godinaa hanaga gandaatti konfiraansiiwwan gurmaa'uu ni danda'u;

3) Konfiraansiin miseensotni Paartichaa dhaabbilee federaalaa ni jiraata;

4) Lakkoofsi miseensota Paartichaa konfiraansii bakka bu'an, baayyinni uummataa fi sabdaneessummaa isaa keessummeessuuf bakka bu'ummaa sabaafi sabalammootaa fi uummattoota lakkoofsa xiqqaa qaban haala mirkaneessuun ni hundeeffama.

5) Yaa'ii idilee fi tokkoon tokkoon konfiraansii irratti hirmaatotni yaa'ii filataman fi hirmaatoni konfiraansii miseensota dandeettii qaban kan of keessatti qabate ta'a.

## *Keewwata Kudha Jaha--Yaa'ii Paartichaa*

1) Yaa'iin Paartichaa qaama hoggansa ol'aanaa Paartichaa ti.

2) Yaa'iin idilee Paartichaa waggaa lamaafi walkaatti yeroo tokko gaggeeffama; yeroo yaa'ii Paartichaa wagggaa sadii ol dheerachuu hin qabu.

3) Pirezidaantiin Walitti qabaa Yaa'ichaa, Itti aantotni immoo I/A/ Walitti qabaa yaa'ichaa ta'uun ni tajaajilu;

4) Lakkoofsi baayina hirmaatota yaa'ichaa 500 ol ta'ee gosti hirmaattotaa akkaataa Qajeelfama Koreen Giddu Galeessaa baasuun bakka bu'ummaa qaamota deggarsa addaa barbaadanii fi qaamolee hawaasaa lakkoofsa xiqqaa qaban haala mirkaneessuufi fayyadamaa tarkaanfii eeyyamtaa ta'uu haala dandadeessisuun raawwatama;

5) Sagalee 1/3 miseensota Koree Giddu Galeesasa yoo argate yeroo kaminiyyuu walgahii ariifachiisaa waamamuu ni danda'a.

6) Koreen Inispeeksshiniifi Naamusaa Paartichaa deggarsa sagalee hirmaattota dhaabbataa Yaa'ii Paartixchaa 1/3 yoo argate Yaa'iin ariifachiisaan akka waamamu taasisuu ni danda'ama.

7) Yaa'iin ariifachiisaan Paartichaa yemmuu waamamamu yaa'ii dursee gaggeeffame irratti hiraamtoota kan turan kallattiin ni hirmaatu.

8) Yaa'ii idilee Paartichaatiif miseensa keessaa yoo xiqqaate 2/3 walgahicha irratti yoo argaman korramiin Yaa'ichaa guutuu ta'a.

9) Kooramiin walgahii ariifachiisaa Yaa'ii Paartichaa guutuu kan jedhamu hirmaatotni 50+1 kan argaman yoo ta'e dha.

10) Miseensotni Koree Giddu Galeessaa fi Koree Inispeekshinii fi Naamusaa Paartichaa Yaa'ii Paartichaa kallattiidhaan ni hirmaatu.

11) Hirmaannaafi bakka bu'ummaan yaa'ii Paartichaa baayyina ummataa, lakkoofsa miseensotaafi sabdaneessummaa bu'uura kan godhate ta'ee tarreeffamni isaa akkaataa qajeelfama Koreen Giddu Galeessaa baaseen ta'a.

12) Yeroo, iddoo fi ajandaawwan Yaa'ii Idilee fi ariifachiisiidhaaf ta'an dursanii karaa Waajjira Ol'aanaa Paartichaatiin ibsamuu qabu.

## *Keewwata Kudha Torba-Aangoo fi Ittigafatmummaa Yaa'ii Paartichaa*

1) Yaa'iin Paartichaa aangoo fi ittigaafatmummaa armaan gadii ni qabaata:
   a) Sagantaa , Dambii Ittiin bulmaata Paartichaa ni mirkanees-sa, ni fooyyessa;
   b) Kallattiiwwanii fi murtiiwwan waliigalaa Paartichi ittiin hogganamu ni kaa'a;
   c) Lakkoofsa miseensota Koree Giddu Galeessaafi Koree Ini-speekshiniifi Naamusaa Paartichaa ni murteessa;
   d) Gabasaawwan Koree Giddu Galeessaa , Koree Inispeek-shiniifi Naamusaatiin akkaataa barbaachisummaa isaatiin qaamota birootiin dhiyaatuuf ni dhaggeeffarta, ni gamaag-gama, ni mirkaneessa;
   e) Yaada murtii Paartichi Paartilee biro waliin walitti makamuuf yookiin qindoomuuf yookiin adda uummachuuf qabu ilaal-chisee dhiyaatuuf ni mirkaneessa;
   f) Dhorkaa fi haqamuu miseensota Koree Giddu Galeessaa fi Koree Inispeekshinii fi Naamusaa irratti murtii ni kenna;
   g) Maqaafi asxaa Paartichaa ni mirkaneessa, ni fooyyessa, ni jijjiira;
   h) Koree Giddu Galeessaa, Koree Inispeekshiniifi Naamusaa, Pirezidaantiifi Itti aantota Pirezidaantii Paartichaa ni filata;
   i) Yaa'iichi hojii isaa idilee eegaluun dura Koree Qophii Yaa'iitiin gabaasa qophii Yaa'ii dhiyaatuufi Dambii Adeem-sa Yaa'iichaa qoratee ni mirkaneessa;
2) Keewwata Kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, yaa'ichi aangoo fi ittigaafatmummaa isaa gu-tummaan yookiin walakkaa isaa bakka bu'iinsaan Koree Giddu Galeessaatiif kennuun ni danda'a.

## *Keewwata Kudha Sadddeet-Koree Giddu Galeessaa Paartichaa*

1) Koreen Giddu Galeesasa Paartichaa Itti Waamani isaa Yaa'ii Paartichaatiif ta'ee Yaa'ii irraa hanga Yaa'iitti Paarticha ol'aantummaan qaama hogganudha.

2) Koreen Giddugaleessaa kallatiidhaan haala bilisummaa qabuu fi dimokiraatawaa ta'een miseensota Yaa'ichaa kessaa haala sagalee iccitiidhaan kan filatamaniin kan hundeeffamu dha.

3) Baayyinnii fi hirmaannaan Koree Giddu Galeessaa baayyina uummataa, baayyina miseensaa fi sabdaneessummaa giddugaleessa kan godhate ta'ee qajeelfamni raawwii isaa Koree Giddu Galeessaatiin baha.

4) Koreen Giddu Galeessaa ji'a jahatti yeroo tokko walgahii idilee ni qabaata; haata malee Koreen Hoji Raawwachiiftuu yoo itti amane yookiin miseensota Koree Giddu galeessaa keessaa harki 1/3 kan ta'u yoo gaafatan yeroo kanaa gadi ta'etti walgahiin ariifachiisaan waamamuu ni danda'a.

5) Korramiin walgahii Koree Giddu Galeessaa miseensota isaa keessaa 50+1 yoo argamani dha.

6) Murtiin Koree Giddu Galeessaatiin darbe kamiyyuu Koree Inispeekshiniifi Naamusaatiin alatti Caasaa fi qaamolee Paartichaa kaminiyyuu ni raawwatama;

7) Koreen Giddu Galeessaa Pirezidaantii Paartichaafi Itti Aantota Pirezidaantii Paaryichaatiin waloon ni hogganama.

8) Koreen Giddu Galeessaa Paartichaa hojii fi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:
   a) Sagantaafi Dambiin Ittiin bulmaata Paartichaa, murtiiwwan Yaa'ii Paartichaa hojiirra ooluu isaanii ni mirkaneessa;
   b) Bu'uura kallattiifi murtii Paartichaatiin ka'amaniin paarticha ol'aantummaan ni hoggana; Imammattoota, tarsiimoowwani, kallattiiwwanii fi karoorawwan Paartichaa, akkasumas qajeelfamoota raawwii ni maddisiisa; raawwii isaanii yeroo yeroon ni gamaaggama.
   c) Gabaasa raawwii Koree Hojiraawwachiistuu ni dhaggeeffata; ni gamaagama; dhimmoota murtii barbaadan irratti ni murteessa;
   d) Yaaada waliigaltee Pirezidaantii Paarichaatiin raawwataman qoratee ni mirkaneessa;
   e) Hojimaata filannoo Paartichaa ni baasa;
   f) Tarsiimoo filannoo ni mirkaneessa; Koree adeemsi filannoo ittiin hogganamu ni hundeessa;
   g) Caasaa Paartichaa barbaachisoo ta'an ni diriirsa;
   h) Baayyinaa fi hirmaannaa Koree Giddu Galeesaa fi Koree Hoi Raawwachiistuu Paartichaa ni murteessa;
   i) Miseensota isaa keessaa miseensota Koree Hoji Raawwachiiftuu ni filata;
   j) Karoora hojii waggaa fi bajata Paartichaa ni mirkaneessa;
   k) Gosa buusii miseensummaa, hangaafi haala kaffaltii isaa ilaalchisee qajeelfama ni baasa;
   l) Falmiiwwan hiikoo Dambii Ittiin Bulmaata Paartichaa irratti ka'an ilaalchisee murtii ni kenna;
   m) Sagantaa fi Dambii Ittiin Bulmaata Paartyichaa raawwachiisuuf hojiiwwan barbaachisoo ta'an kan biro ni raawwata;
   n) Sagantaa fi Dambii Ittiin Bulmaata Paartichaatiif abboomamaa kan hin taanefi h dandeettiin hoggansummaa kan isaan hanqatu sagalee 2/3 miseensota Koree Giddu Galees-

saa ni dhorka;

o) Dambicha raawwachiisuuf kan barbaachisan qajeelfamoota raawwii ni mirkaneessa;

9) Keewwata kana keewwata xiqqaa 8 (a-o) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Koreen Giddu Galeessaa hojii fi ittigaafatamummaa isaa irraa gartokkeen Koree Hoji raawwachiiftuutiif bakka bu'iinsaan kennuu ni danda'a.

## *Keewwata Kudha Sagal-Koree Hojii Raawwachiiftuu Paartichaa*

1) Koreen hojii raawwachiiftuu paartii itti waamamni isaa koree giddugaleessaaf ta'ee miseensota koree giddugaleessaa keessaa sagalee iccitiin filatama.

2) Koreen hojii raawwachiiftuu pirezedaantii paartichaan gaggeeffama/durfama.

3) Koreen hojii raawwachiiftuu walga'ii idilee isaa ji'a saditti yeroo tokko gaggeessa.

4) Koreen hojii raawwachiiftuu, pirezedaantiin ykn miseensonni koree hojii raawwachiiftuu harki tokko sadaffaa (1/3) yoo gaafatan yeroo kanaa gadii keessatti walga'ii ariifachiisaa gaggeessuu ni danda'u.

5) Yaa'iin koree hojii raawwachiiftuu guutuu ta'uu (ምልዓተ ጉባኤ) kan danda'u miseensi harki 50 +1 yemmuu argamudha.

6) Koreen hojii raawwachiiftuu kun hojiiwwaniifi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaatu:

a) Karoorawwan, kallattiiwwan, murtiiwwaniifi qajeelfamoota

yaa'iifi koree giddugaleessaatiin bahan kabajamuufi hojiirra ooluu isaanii ni hordofa, ni mirkaneessa, ni hoggana.

b) Kallattiifi murtiiwwan yaa'iifi koree giddugaleessaa bu'uura godhachuun jireenyi hawaasaa akka fooyya'uufi hawaasa siyaas dinagdee tokkoo uumuu akka danda'amu tooftaa barbaachisu ni kaa'a; hoggansa ni kenna; hojiirra ooluu isaanii ni hordofa.

c) Tokkummaa sabdaneessummaa keenya kan cimsuufi sirna federaalaa kan gabbisu yaadota ni maddisiisa; hojiirra ooluu isaaniis ni hordofa.

d) Murtiiwwan yaa'iifi koree giddugaleessaa danbii seeraa bu'uura godhachuun dimookraasii paartii keessoo paartichaa daran gabbisuu kan dandeessisan koomishinii naamusaafi inispeekshinii waliin mari'achuun qajeelfamoota ni baasa; hojiirra ooluu isaaniis ni hordofa.

e) Koree giddugaleessaatiif karooraafi gabaasa ni dhiyeessa.

f) Sochii hojii gaggeessitoota paartii sadarkaan jiranii ni gaggeessa; ni hordofa; ni deeggara.

g) Waajjira paartiitiif qajeelfama hojii guyyaa guyyaa ni kenna.

h) Ramaddii gaggeessaa paartiif qajeelfama raawwii ni baasa.

i) Koree qopheessituu yaa'ii paartii, miseensota koree hojii raawwachiiftuufi qaamolee biroo barbaachisoo ta'an irraa baba'aniin ni hundeessa.

j) Ajandaa koree giddugaleessaa ni qopheessa.

k) Sagantaa, kallattiiwwaniifi murtiiwwan paartichaa miseensota paartiifi ummata hundaaf akka dhaqqabu tooftaa ni uuma; hojiirra ooluu isaas ni mirkaneessa.

7) Keewwata kana Keewwata xiqqaa /6/ A-J/ jalatti kan tumame akkama jirutti ta'ee, koreen hojii raawwachiiftuu kun hojiifi itti gaafatamummaa isaa amma tokko /muraasa/ pirezedaantii paartichaatiif bakka bu'insa kennuu ni danda'a.

## *Keewwata Digdama--Waltajjii Waloo Gaggeessitoota Paartii Naannoofi Federaalaa*

1) Waltajjiin waloo gaggeessitoota paartii naannoofi federaalaa pirezedaantii paartichaan ykn itti gaafatamaa pirezedaantichi bakka buusuun kan gaggeeffamu ta'ee itti aantonni pirezedaantii paartichaa, walitti qabdoonni koree qindeessituu naannoo, itti gaafatamtoonni waajjira paartii naannoofi gaggeessitoonni kanneen biroo akka hirmaatan pirezedaantiin filataman miseensummaan kan hammate ta'a.

2) Ittiwaamamni waltajjii waliinii kanaa koree hojii raawwachiiftuuf ta'a.

3) Waltajjiin waloo kun ji'a lama lamaan walgahee dhimmoota biyyaalessaa wayitaawaa ta'erratti ni mari'ata.

4) Waltajjii waloo kanarratti ramaddii miseensa koree qindeessituu naannoo ni murteessu.

5) Kallattiiwwan yaa'ii paartichaa, koree giddugaleessaafi koree hojii raawwachiiftuutiin kaa'aman ni raawwachiisa, ni hoggana.

## *Keewwata Digdami Tokko-Pirezidaantii Paartichaa*

Pirezidaantiin paartichaa itti waamamni isaa koree giddugaleessaaf ta'ee hojiiwwaniifi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata.

1) Walga'iiwwan koree hojii raawwachiiftuufi koree giddugaleessaa walitti qabaa ta'ee ni gaggeessa.

2) Hojiiwwan koree hojii raawwachiiftuufi koree guddugaleessaa ni qindeessa,

3) Murtiiwwan koree hojii raawwachiiftuufi koree guddugaleessaa ni raawwachiisa,

4) Paartii bakka bu'uun qaamolee adda addaa waliin qunnamtii hojii ni taasisa; waliigaltees ni mallatteessa.

5) Gabaasa hojii isaa koree hojii raawwachiiftuuf ni dhiyeessa.

6) Walga'ii koree hojii raawwachiiftuuf ajandaa ni qopheessa;

7) Hojiiwwan kanneen biroo koree giddugaleessaafi koree hojii raawwachiiftuutiin kennaman ni raawwata.

## *Keewwata Digdami Lama -Itti Aantota Pirezedaantii Paartichaa*

1) Paartiin itti aantota pirezedaantii 2 ni qabaata.

2) Itti aantonni pirezedaantii itti waamamni isaanii pirezedaantiif ta'ee, hojiiwwaniifi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaatu:

a) Yeroo pirezedaantiin hin jirretti itti aanaan pirezedaantiin bakka buufame bakka bu'ee ni hojjeta;
b) Haala bobbaa hojii koreen hojii raawwachiiftuufi pirzedaantiin kenanniifiin hojii isaanii ni raawwatu.

## *Keewwata Digdamii Sadii --Koomishinii Naamusaafi Inispeekshinii Paartichaa*

1) Koomishiniin naamusaafi inispeekshinii miseensota yaa'ii paartii keessaa filatamaniin hundaa'a; Baay'inni miseensa koomishinichaa yaa'iin kan murtaa'u ta'ee, lakkoofsa ummataafi lakkoofsa miseensaa, akkasumas kutaaleen hawaasaa lakkoofsa muraasa qabanii bakka bu'insa akka argataniifi fayyadamtoota tarkaanfii eeyyantaa ta'uu haala dandeessisuun akka hundaa'u godhama; gadifageenyaan haala qajeelfama koreen giddugaleessaa baasuun murtaa'a.

2) Itti waamamni koomishinichaa yaa'ii paartichaatiifi.

3) Miseensota koomishinichaaf ramaddiin paartii hojii isaanii waliin walitti bu'u hin kennamuuf.

4) Koomishinichi gaggeessitoota muudamtoota waajjiraa dhaabbataafi ogeessota muudamtoota hin taane ni qabaata.

5) Koomishinichi waajjiraalee gurmaa'insa paartii sadarkaa sadarkaan jiranitti ni gurmeessa; caasaa isaa ni diriirsa; hojmaanni isaaniis kan itti aanu ta'a:

a) Miseensonni koomishinii naamusaafi inispeekshinii naannoo koonfiransiiwwan sadarkaa sadarkaan gaggeeffamaniin

filatamu. Amma yeroo koonfiransiin gaggeeffamuutti miseensonni koomishinichaa yoo hir'atan koomishinichi koree qindeessituu paartii sadarkaan jiran waliin mari'achuun ramaddii yeroo ni kenna.

b) Koomishinoonni naamusaafi inispeekshinii naannoo caasaa koomishinichaa sadarkaa tokko ol jiruuf itti waamamu.

c) Caasaaleen koomishinii naamusaafi inispeekshinii naannoo federaalaafi sadarkaan jiranii koree qindeessituu paartii sadarkaa isaaniitti jiran waliin waldeeggaruun hojjetu.

6) Koomishinichi hojiiwwaniifi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

a) Koomishinichi danbii ittiin bulmaataafi qajeelfamoota paartichaa hojiirra ooluu isaanii ni hordofa,

b) Qulqullina siyaasaafi fayyaalessummaa naamusa paartichaa mirkaneessuuf hordoffii barbaachisu ni taasisa.

c) Maallaqni, qabeenyiifi sanadoonni paartichaa sirnaan eegamuu isaanii to'annoo taasisa; buusiin miseensota paartichaa yeroo isaattiifi sirriitti walitti qabamuu isaa ni to'ata;

d) Mirgoonniifi faayidaaleen qaamoleefi miseensota paartichaa kabajamuu isaanii ni hordofa;

e) Iyyannoowwan miseensota irraa dhiyaatan ni fuudha; ni sakatta'a; yaada murtii sirreeffamaa koree raawwachiiftuufi koreewwan qindeessituu paartii sadarkaa sadarkaan jiraniif akka barbaachisummaa isaatti ni dhiyeessa;

f) Qajeelfama to'annoo, inispeekshiniifi naamusaa gadifageenyaan waixineessuun koree giddugaleessaa paartichaatiif dhiyeessee mirkaneessisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;

g) Naamusa paartii ni fooyyessa; malaanmaltummaa irratti qabsaa'uuf yaaliiwwan ni gurmeessa, ni qindeessa.

h) Cabinsa naamusaa sadarkaa sadarkaan ni sakatta'a, tarkaan-

fiin sirreeffamaa barbaachisaa ta'e akka fudhatamu godha;

i) Ergama koree qindeessituu siyaasaa paartichaarraa kennamuun hojiiwwan sakatta'aa, hordoffiifi to'annoo ni hojjeta;

j) Qaamolee paartii kanaa gidduutti garaa garummaan yoo jiraate ykn dhimmoonni paarticha ilaallataniifi wantoonni qulqullaa'uu qaban yoo jiraatan, akkasumas koree giddugaleessaa ykn karaa koree hojii raawwachiiftuu gaaffiin yoo dhiyaateef akka qaama qulqulleessituu bilisaa tokkoo ta'ee tajaajila; gabaasa yaada murtii mataa isaa itti dabalee koree giddugaleessaaf ni dhiyeessa.

k) Koomishinichi danbiin ittiin bulmaataa paartichaa hojiiwwaniifi itti gaafatamummaa kennameef ilaalchisee yeroo yerootti inispeekshiniifi qorannoowwan adda addaa ni gaggeessa. Argannoowwan qorannichaa yaada murtii gorsaa waliin qaamolee paartii dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; hojiirra oolmaa isaas ni to'ata.

l) Baajata waggaa hojiif isa barbaachisu qopheessee akka ragga'u koree giddugaleessaaf ni dhiyeessa; yeroo mirkanaa'e ni bulcha, ni hoggana.

m) Miseensota koomishinichaa sagantaafi danbii paartichaaf hin bitamne sagalee 2/3tiin ni ittisa;

n) Raawwii hojii isaa sagantaa federaalaatti yaa'ii paartiif, akkasumas akka barbaachisummaa isaatti koomishinii caasaalee naannoo sadarkaan jiraniif gabaasa ni dhiyeessa.

o) Danbii ittiin bulmaataa kana bu'uura godhachuun qajeelfama keessoo hojmaata koomishinichaa baasuu danda'a.

7) Hojiifi itti gaafatamummaan koomishinii naamusaafi inispeekshinii naannoo Keewwata kana Keewwata xiqqaa (6) jalatti kan tarreeffaman ta'u;

8) Koomishinichi ji'a sadi sadiin walga'ii idilee isaa ni gaggeessa.

9) Koomishinichi karoorawwan waggaa kan mataa isaa qopheessee hojii isaa ni gaggeessa.

10) Yaada sirreeffamaa koomishinichaan dhiyaatu koreen hojii raawwachiiftuun yoo fudhachuu baate koree giddugaleessaaf ni dhiyaata; dhimmicha irratti murtiin koreen giddugaleessaa kennu hanga yaa'iitti kan raawwatamu ta'a;

11) Koomishinichi walitti qabaa, itti aanaa walitti qabaafi barreessaa isaa filatee yaa'iifi beeksisa.

## *Keewwata Digdami Afur--Waajjira Muummee Paartichaa*

1) Waajjirichi itti waamamni isaa pirezedaantichaaf ta'ee qunnamtii siyaasa, dhaabaa, ummataafi qunnamtii idil addunyaa ni hoggana, wiirtuu qorannoofi qo'annoo ta'ee ni tajaajila.

2) Waajjirichi itti gaafatamaafi akka barbaachisummaa isaatti itti aantota ni qabaata,

3) Waajjirichi yeroo yerootti karooraafi gabaasa qopheessee pirezedaantichaaf ni dhiyeessa.

4) Kaadhimamaan bulchiinsa magaalaa/naannoo miseensota koree qindeessituu paartii gaggeessitoota paartii bulchiinsa magaalaa/naannoo waliin ta'uun erga adda baasee booda pirezedaantii waliin mari'achuun walitti qabdoota koree qindeessituu bulchiinsa magaalaa /naannoo hundaafi itti gaafatamtoota waajjira

paartichaaf murtiif ni dhiyeessa; ramaddii gaggeessitoota paartii ilaalchisee qajeelfama koree giddugaleessaatiin bahaniin murtaa'a.

5) Waajjira olaanaafi waajjiraalee paartii naannoo sadarkaan jiranii hojmaata waliigalaa ilaalchisee qajeelfama wixinee koree giddugaleessaaf ni dhiyeessa.

6) Waajjirichi hojiiwwaniifi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:
   a) Karoorawwan koree giddugaleessaafi koree hojii raawwachiiftuu paartiifi kallattiiwwan biroo pirezedaantiin kennaman bu'uura godhachuun hojiiwwan paartii ni karoorsa; ni raawwachiisa; raawwii isaa ni hordofa.
   b) Maallaqa, qabeenyaafi sanadoota paartichaa olaantummaan ni bulcha; ofeeggannoon akka qabamaniifi hojiirra akka oolan ni taasisa; galmeewwan hirregaa paartichaafi sanadoota maallaqaan walqabatan waggaa waggaatti ogeessa hirregaa ykn oodiitara alaatiin akka sakatta'amuufi akka mirkaneeffamu ni taasisa.
   c) Gurmaa'insa miseensotaa, ijaarsa siyaasaa, qunnamtii idil addunyaafi ummataa, qorannoofi qo'annoofi hojiiwwan biroo ni raawwata.
   d) Kallattii pirezedaantiin kennamuun paartii bakka bu'ee qaama sadaffaa waliin qunnamtii hojii ni taasisa.
   e) Pirezedaantii waliin mari'achuun qopheessaa olaanaa laallee paartichaafi miseensota boordii ni moggaasa.
   f) Baajata paartii ragga'e ni bulcha.
   g) Sagantaa, kallattiiwwan, raawwii hojiifi karoora paartichaa miidiyaafi meeshaalee sab qunnamtii ummataatiin ummatatti beeksisa.

h) Maqaa paartichaatiin waliigaltee ni uuma, ni himata, ni himatama.
i) Haala qajeelfama bulchiinsa humna namaa paartichaatiin hojjettoota waajjirichaa ni to'ata, ni bulcha, hojiirraa ni gaggeessa.
j) Bakka, yeroofi ajandaa yaa'ii paartii qopheessee yemmuu murtaa'e gurmaa'insa paartii dhimmi ilaaluuf ni beeksisa.
k) Paartichatti hojiiwwan yaa'ii gorsaa qindeessa.
l) Hojiiwwan kanneen biroo koree giddugaleessaa, koree hojii raawwachiiftuufi pirezedaantiin kennaman ni raawwata.

7) Keewwata kana Keewwata xiqqaa /6/ jalatti kan tumame akka jirutti ta'ee danbii kanaan qajeelfamni akka bawuuf kan agarsiifamaniifi qajeelfamoota kanneen biroo hojiif barbaachisoo ta'an karaa yaa'ii gorsaa paartichaa qorachiisuun pirezedaantiif ni dhiyeessa.

8) Keewwata kana Keewwata xiqqaa /6/ jalatti kan tumame akka jirutti ta'ee waajjirri olaanaa paartii hojiifi itti gaafatamummaa isaa irraa naannoof, Finfinneefi Dirree Dawaatiif bakka bu'ummaa kennuu ni danda'a.

# *Boqonnaa Afur*

## IV. Gurmaa'insa Naannoo Paartichaa

### *Keewwata Digdami Shan: Caaseffamaafi Gurmaa'insa Paartii*

1) Waajjira olaanaa paartichaatti kan waamaman, waajjiraaleen damee paartii bulchiinsota magaalota lamaaniifi naannoo maqaa bulchiinsa magaalaa/naannoo qabachuun akka itti aanutti hundaa'aniiru:
   a) Naannoo Oromiyaatti Waajjira Damee Paartii Badhaadhinaa
   b) Naannoo Amaaraatti Waajjira Damee Paartii Badhaadhinaa
   c) Naannoo Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Kibbaatti Waajjira Damee Paartii Badhaadhinaa
   d) Naannoo Somaaleetti Waajjira Damee Paartii Badhaadhinaa
   e) Naannoo Tigraayitti Waajjira Damee Paartii Badhaadhinaa
   f) Naannoo Affaaritti Waajjira Damee Paartii Badhaadhinaa
   g) Naannoo Beenishaangul Gumuzutti Waajjira Damee Paartii Badhaadhinaa
   h) Naannoo Gaambeellaatti Waajjira Damee Paartii Badhaadhinaa
   i) Naannoo Harariitti Waajjira Damee Paartii Badhaadhinaa
   j) Naannoo Sidaamaatti Waajjira Damee Paartii Badhaadhinaa
   k) Naannoo Ummattoota Kibba Lixa Itoophiyaatti Waajjira Damee Paartii Badhaadhinaa

2) Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti Waajjira Damee Paartii Badhaadhinaa Bulchiinsa Magaalaa Dirree Dawaatti Waajjira Damee Paartii Badhaadhinaa Itti waamamni isaanii waajjira Paartii Bulchiinsa Magaalaa/Naannoof kan ta'an waajjiraalee Godi-

naalee/Kutaa Magaalotaa/Aanaalee addaa, aanaalee, magaalotaa ni qabaata.

3) Waajjiraaleen Keewwata kana Keewwata xiqqaa (1) fi (2)tti hundaa'an sadarkaa sadarkaan koonfiransii, koreewwan qindeessituu, waajjiraaleefi koree naamusaafi inispeekshinii ni qabaatu;

4) Keewwata kana Keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tarreeffaman waajjiraalee paartii naannoo irratti dabalataan bu'uura heera Mootummaa Federaalaa Keewwata 47tiin naannoo hundeeffamu hunda keessatti waajjira paartii naannoo ni qabaata.

5) Caasaaleen paartichaa sadarkaan jiran miseensota paartichaa naannicha keessa jiran hunda kan hirmaachisaniifi bakka bu'ummaa qaamolee walitti makamanii kan mirkaneessan ta'u.

## *Keewwata Digdamii Jaha-Koonfiransiifi Sirna Hojmaata Paartii naannoo, Finfinnee, Dirree Dawaafi Dhaabbilee Federaalaa*

1) Koonfiransiiwwan paartii sadarkaa sadarkaan gaggeeffamu waltajjii ijaarsa siyaasa miseensota paartii ta'anii tajaajilu.

2) Koonfiransiiwwan paartii sadarkaa sadarkaan gaggeeffamaniif bakka bu'insiifi babahinsi baay'ina miseensaatiin murteeffamu.

3) Koonfiransiiwwan paartichaa itti waamama koree qindeessituu sadarkaan jiraniin kan walitti qabamu ta'ee koonfiransiin miseensotaa naannoo /Finfinneefi Dirree Dawaa/ fi dhaabbilee federaalaa waggaatti yeroo tokko; kan godinaa, aanaa /aanaa addaafi magaalaa waggaatti yeroo lama; kan gandaa ji'a sadi sadiin, hundeen paartii immoo ji'a ji'aan koonfiransii ni gaggeessu,

4) Koomishiniin naamusaafi inispeekshinii naannoo adeemsa hojii waliigalaafi haala siyaasaa koonfiransiiwwan naannoo irratti ni gamaaggamu.

## *Keewwata Digdami Torba-Hojiifi Ittigaafatamummaa Koonfiransii Paartii*

1) Sadarkaa sadarkaan danbiin ittiin bulmaataafi sagantaan paartichaa sirnaan hojiirra ooluu isaa ni mirkaneessa,

2) Kallattiiwwan, murtiiwwaniifi karoorri paartichaa sirriitti hojiirra ooluu isaanii ni mirkaneessa,

3) Ga'umsi siyaasaa miseensotaa akka gabbatu taasisa,

4) Haala qajeelfama bakka bu'insaafi hirmaannaa koonfiransiifi yaa'ii paartichaatiin yaa'ii paartichaafi koonfiransiiwwan sadarkaan gaggeeffamaniif miseensota bakka buusu,

5) Sadarkaa sadarkkaan koree qindeessituu paartiifi koree naamusaafi inispeekshinii irraa karooraafi gabaasa raawwii hojii dhiyaatuuf ni dhaggeeffata, ni gamaaggama, ni mirkaneessa.

6) Sadarkaa sadarkaan kan argaman kallattiiwwan waliigalaafi murtiiwwan koonfiransii paartii, yaa'ii paartii, koree giddugaleessaa paartiifi koree hojii raawwachiiftuu paartiin kaa'aman karaa eegeefi hammattoo gaggeessummaa gurmaa'insaalee paartichaa biyyaaleyyii ta'aniin kennaman qaxanaa bulchiinsa isaanii keessatti waltajjii siyaasaa guddaa paartichaa ni ta'u.

## Keewwata Digdamii Saddeet--Koree Qindeessituu Paartii Naannolee, Finfinneefi Dirree Dawaa akkasumas Dhaabbilee Federaalaa

1) Koreen qindeessituu paartii naannolee, Finfinneefi Dirree Dawaa itti waamamni isaa koree hojii raawwachiiftuu paartichaatiif ta'a;

2) Koreen qindeessituu dhaabbilee federaalaa itti waamamni isaa waajjira olaanaa paartichaatiif ta'a;

3) Koreen paartii godinaa, magaalaa, kutaa magaalaa, aanaa addaa, aanaa/magaalaafi gandaa itti waamamni isaa koreewwan qindeessituu paartii sadarkaa tokko ol jiraniif ta'a;

4) Koreen qindeessituu paartii naannoo, Finfinneefi Dirree Dawaa yoo xiqqaate ji'atti yeroo tokko, kan godinaa, aanaa /aanaa addaa, magaalaafi gandaa ji'atti yeroo lama walga'ii idilee ni gaggeessu;

5) Koreewwan qindeessituu paartichaa sadarkaa sadarkaan jiran hojiiwwaniifi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaatu:
   a) Qaxanaa /naannoo jiranitti/ hojiiwwan dhaabaafi siyaasa paarii olaantmmaan ni qindeessu,
   b) Qajeelfamootaafi murtiiwwan qaamolee paartichaa olaanoo irraa darban hojiirra oolchu, hojichaaf sagantaa raawwii tokko tokkoo baasanii hojiirra oolchu;
   c) Haala raawwii hojichaa koree qindeessituu paartii itti aanee jiruuf gabaasa dhiyeessu;
   d) Kallattii koonfiransiiwwan paartii sadarkaa sadarkaan jiran kaa'an, murtiiwwaniifi gaggeessummaa yaa'iin paartii, koreen giddugaleessaa paartiifi koreen hojii raawwachiiftuu

paartii kennan karaa eegeen hojiirra ooluu isaanii ni hordofa,

e) Sadarkaa biyyaalessaatti, caasaawwan paartichaa sadarkaa sadarkaan jiraniitti gaggeessummaan kennamu akka jirutti ta'ee, dhimmoota naannoofi bakka sana ilaallatan irratti yaada maddisiisa.

6) Lakkoofsi babahinsa miseensotaafi ramaddii koree qindeessituu paartii naannoo qajeelfama koreen giddugaleessaa baasuun murtaa'a.

## *Keewwata Digdamii Sagal-Waajjiraalee Paartii Sadarkaan Jiran*

1) Waajjiraaleen paartii sadarkaa sadarkaan jiran wiirtuu siyaasa, dhaabaafi qunnamtii ummataa paartichaa ta'anii tajaajilu.

2) Ittiwaamamni waajjiraalee kanaa waajjiraalee paartii sadarkaa tokko ol jiraniif ta'a.

3) Waajjiraaleen kunniin koreewwan qindeessituu paartii sadarkaan jiraniin ykn koree hojii raawwachiiftuu kan kaa'aman itti gaafatamaa /hogganaa/fi akka barbaachisummaa isaatti itti aantota itti gaafatamaa qabaachuu danda'u;

4) Waajjiraaleen paartii hojiiwwaniifi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaatu:
   a) Hojiiwwan dhaabaafi siyaasaa paartii naannoo/Finfinneefi Dirree Dawaa/ ni karoorsu, ni raawwachiisu, raawwii isaa ni hordofu;
   b) Maallaqa, qabeenyaafi sanadoota paartichaa olaantummaan ni bulchu, ofeeggannoon akka qabamaniifi sirnaan hojiirra akka oolan taasisu;

c) Gurmaa'insa miseensotaa, ijaarsa siyaasaa, qunnamtii ummataafi hojiiwwan kanneen biroo ni raawwatu;
d) Kallattii waajjira muummee paartichaatiin kennamuun paarticha bakka bu'anii sadarkaa sadarkaan qaama sadaffaa waliin qunnamtii uumu;
e) Kallattii waajjira paartichaa olaanaatiin kennamuun sagantaa paartichaa, kallattiiwwan, raawwii hojiifi karoora midiyaafi meeshaalee sabqunnamtii ummataatiin ummatatti beeksisu;
f) Haala qajeelfama bulchiinsa humna namaa paartichaatiin hojjettoota waajjirichaa ni to'atu, ni bulchu, hojiirraa ni gaggeessu.
g) Hojiiwwan kanneen biroo gurmaa'insaalee paartii sadarkaan jiraniin kennaman ni raawwatu.
h) Waajjiraaleen kunniin yeroo yerootti karooraafi gabaasa qopheessanii waajjiraalee paartii sadarkaan jiraniif gabaasa ni dhiyeessu.

## *Keewwata Soddoma--Liigii Dubartootaa Paartii Badhaadhinaa*

1) Ergamni ijoon liigii dubartootaa badhaadhinaa paartii keessattis ta'e alatti mirgi dubartootaafi fayyadamummaan haqa qabeessi akka mirkanaa'uufi badhaadhina hundagaleessaa Itoophiyaafi ummattoota ishii mirkaneessuuf dubartoonni ga'ee isaanirraa eegamu akka bahatan dandeessisuuf ga'ee adda durummaa bahachuudha.

2) Hirmaannaa siyaasa, hawaasummaafi dinagdeefi fayyadamummaa dubartootaa guddisuuf waltajjii qabsoofi sagalee dubartootaa ta'ee tajaajila.

3) Dubartoonni miseensa Paartii Badhaadhinaa ta'an miseensa liigii dubartootaa paartii badhaadhinaa ta'uu ni danda'u.

4) Liigiin dubartootaa Badhaadhinaa, danbii ittiin bulmaataafi qajeelfamoota hojmaataa paartii haala hin faallessineen danbii ittiin bulmaataafi qajeelfamoota hojmaataa ni qabaata.

5) Liigiin dubartootaa Badhaadhinaa gurmaa'insa paartichaa sadarkaan jiru cinaatti/biratti caasaalee ni qabaata.

6) Gurmaa'insi gaggeessaa paartii sadarkaan jiru gurmaa'insa liigii dubartootaa Badhaadhinaa cinaasaatti argamuuf hoggansa dhiyoofi deeggarsa kennuu qaba.

7) Hojii raawwachiiftuu paartichaan ala kan jiran itti gaafatamaafi itti aanaa itti gaafatamaan gurmaa'insaalee gaggeessitoota liigii dubartootaa Badhaadhinaa sadarkaan jiran walga'iiwwan gurmaa'insaalee gaggeessitoota paartichaa cinaa jiran irratti sagalee malee hirmaachuu danda'u.

8) Yaa'iin liigii dubartootaa federaalaa waajjira olaanaa paartichaa waliin mari'achuun qaamolee gaggeessitootaafi caasaalee dhaabbataa paartichaa waliin qunnamtiin hojii qabaannu ilaalchisee wixinee qajeelfamaa qopheessee akka ragga'u koree giddugaleessaa paartichaaf ni dhiyeessa.

## *Keewwata Soddomi Tokko--Liigii Dargaggootaa Paartii Badhaadhinaa*

1) Ergamni ijoon liigii dargaggootaa badhaadhinaa, badhaadhina hundagaleessa Itoophiyaafi ummattoota ishii mirkaneessuuf dargaggoonni ga'ee isaanirraa eegamu akka bahatan dandeessisuufi hirmaannaafi fayyadamummaa dargaggootaa mirkaneessuuf ga'ee qindeessummaafi gaggeessummaa taphachuudha.

2) Hirmaannaa siyaasa, hawaasummaafi dinagdeefi fayyadamummaa dargaggootaa guddisuuf waltajjii qabsoofi sagalee dargaggootaa ta'ee tajaajila.

3) Lammiin Itoophiyaa umuriin isaa waggaa 14 – 35 ta'an miseensa Liigii Dargaggootaa Paartii Badhaadhinaa ta'uu danda'u. Haalli raawwii isaa ulaagaafi qajeelfama raawwii liigiin dargaggootaa paartii badhaadhinaa baasuun murteeffama.

4) Miseensi liigii umuriin isaa waggaa 18 ol ta'e miseensa paartii ta'uu ni danda'a.

5) Liigiin dargaggootaa Badhaadhinaa, danbii ittiin bulmaataafi qajeelfamoota hojmaataa paartii haala hin faallessineen danbii ittiin bulmaataafi qajeelfamoota hojmaataa ni qabaata.

6) Liigiin Dargaggootaa Badhaadhinaa gurmaa'insa paartichaa sadarkaan jiran cinaatti/biratti caasaalee ni qabaata.

7) Gurmaa'insi gaggeessaa paartii sadarkaan jiru, gurmaa'insa liigii dargaggootaa badhaadhinaa cinaa isaatti argamuuf hoggansa dhiyoofi deeggarsa kennuu qaba.

8) Hojii raawwachiiftuu paartichaan ala kan jiran itti gaafatamaafi itti aanaa itti gaafatamaan gurmaa'insaalee gaggeessitoota liigii dargaggootaa Badhaadhinaa sadarkaan jiran walga'iiwwan gurmaa'insaalee gaggeessitoota paartichaa cinaa jiran irratti sagalee malee hirmaachuu ni danda'u.

9) Miseensi liigii dargaggootaa badhaadhinaa miseensa guutuu paartichaa hin taane bakkeewwan hojii paartichaa filannoon qabaman irratti dorgomuu hin danda'u; haala addaatiin yoo affeerame malee walga'iiwwan gaggeessitootaafi miseensota paartichaa irratti hirmaachuu hin danda'u.

10) Yaa'iin liigii dargaggootaa federaalaa, waajjira olaanaa paartichaa waliin mari'achuun qaamolee gaggeessitootaafi caasaalee dhaabbataa paartichaa waliin qunnamtii hojii qabaatu ilaalchisee wixinee qajeelfamaa qopheessee akka ragga'u koree giddugaleessaa paartichaaf ni dhiyeessa.

# Boqonnaa Shan

## V. Tumaalee Adda Addaa

### *Keewwata Soddomi Lama--Bara Hojii*

1) Pirezadaantiifi itti aantonni pirezedaantii yeroon ittigaafatamummaa isaanii inni olaanaan waggaa 10 ta'a; yeroon ittigaafatamummaa gaggeessitoota kanneen biroo qajeelfama koreen giddugaleessaa baasuun murtaa'a.
2) Umuriin olaanaa gaggeessitootaa waggaa 65 ta'a.

### *Keewwata Soddomii Sadi-Madda Faayinaansii Paartichaa*

Maddi faayinaansii paartichaa buusii miseensotaa, bu'uura heera biyyattiitiin deeggartoota paartichaa irraa, akkasumas maddoota seera qabeessa kanneen biroo irraa ta'a.

### *Keewwata Soddomii Afur - Qabeenya Namaa, Faayinaansii, Qabeenya, Sirna Hojmaata Galmeewwan Hirregaa Paartichaa*

1) Qabeenyi namaa, faayinansiifi qabeenya paartichaa qajeelfama koreen giddugaleessaa baasuun kan bulu ta'a.

2) Paartichi galmeewwan hirregaa sirriifi guutuu ta'an ni qabata; oodiitara keessaafi alaatiin waggaa waggaatti sakattaasisa.

3) Maallaqaafi qabeenya paartichaa irratti murteessuun aangoo koree giddugaleessaa ta'a.
4) Keewwata kana Keewwata xiqqaa 3 irratti kan tumame yoo jiraates koreen giddugaleessaa koree hojii raawwachiiftuuf bakka bu'insa kennuu ni danda'a.

## *Keewwata Soddomii Shan-Sirna Waldhabdeen Paartii Keessatti Uumame Ittiin Hiikamu*

1) Qaamolee paartichaa keessatti waldhabinsi uumamu sirnoota hojmaataa danbii kana keessatti tumamaniin hiikamuu qaba.

2) Bu'uura Keewwata kana Keewwata xiqqaa (1) tiin hiikamuu yoo dhabe seera naamusa filannoofi galmee paartiiwwan siyaasaa filannoo biyyattiifi seerota birootiin hiikama.

## *Keewwata Soddomii Jaha-Walitti Makaminsa, Qindoomina ykn Sirna Adda Uumuu Paartichaa*

1) Paartichi, paartii ykn paartiiwwan kanneen biroo waliin walitti makamuu ykn qindoomina ykn adda uumuu ni danda'a.

2) Keewwata kana Keewwata xiqqaa (1) irratti kan tumame hojiirra kan oolu labsii naamusa filannoofi galmee paartiiwwan siyaasaa filannoo Itoophiyaan ta'uu isaa koreen giddugaleessaa ni mirkaneessa.

3) Koreen giddugaleessaa haala labsii naamusa filannoofi galmee paartiiwwan siyaasaa filannoo Itoophiyaatiin ta'uu isaa mirkaneessee makaminsa ykn qindoomina ykn adda uumuuf yaada murtii erga fudhatee booda yaa'ii paartichaaf dhiyeessee raggaasisa.

## *Keewwata Soddomii Torba--Diigamuu Paartichaa*

Yaa'iin paartichaa yoo xiqqaate sagalee harka ¾ n paartichi akka diigamu murteessuu ni danda'a.

## Keewwata Soddomii Saddeet--Yaa'ii Gorsitootaa Paartii (Think tank)

1) Paartichi kaayyoowwan siyaasaa, hawaasummaafi dinagdee mirkaneessuuf hayyoota ogummaa garaagaraa qabaniifi namoota bebbeekamoo kan hammate yaa'ii gorsitoota paartichaa (Think tank) waajjira olaanaa paartichaatti hundeessuu ni danda'a.

2) Keewwata kana Keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame akka jirutti ta'ee, dhiyeessummaa itti gaafatamaa waajjira paartii naannootiin koreewwan qindeessituu naannoo yaa'ii gorsitootaa hundeessuu ni danda'u.

## Keewwata Soddomii Sagal-Olaantummaa Danbii Ittiin Bulmaataa Paartichaa

1) Danbiin ittiin bulmaataa seera olaanaa paartichaa waan ta'eef qaamoleefi miseensota paartichaa dirqamsiisuu ni danda'a.

2) Danbii ittiin bulmaataafi sanadoota paartichaa gidduutti walitti bu'insi yoo mudate tumaaleen danbii ittiin bulmaataa kanaa olaantummaa ni qabaatu.

## Keewwata Afurtama--Aangoo Qajeelfama Baasuu

Haala danbii ittiin bulmaataa kanaan qaamolee adda addaatiif aangoon kenname akka jirutti ta'ee, koreen giddugaleessaa paartichaa qajeelfamoota danbii kana hojiirra oolchuuf gargaaran baasuu danda'a.

## *Keewwata Afurtamii Tokko-Danbii Ittiin Bulmaataa Fooyyessuu, Jijjiiruufi Kufaa Taasisuu*

1) Danbii ittiin bulmaataa fooyyessuu, jijjiiruufi kuffisuu kan danda'u yaa'ii paartichaa qofadha.
2) Keewwata kana Keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame akka jirutti ta'ee, yaanni fooyya'insa danbii ittiin bulmaatichaa dhiyaachuu kan danda'u:
   a) Pirezedaantiin ykn
   b) Koree giddugaleessaatiin deeggarsa sagalee 1/3 yemmuu argatu ykn
   c) Koree hojii raawwachiiftuun deeggarsa sagalee caalmaa yemmuu argatu ykn
   d) Miseensota koomishinii naamusaafi inispeekshiniitiin sagalee deeggarsaa ½ yemmuu argatu;
3) Keewwata kana Keewwata xiqqaa (2) jalatti kan dhiyaate yaanni fooyya'insaa yaa'ii paartichaaf dhiyaachuu kan danda'u koree giddugaleessaatiin deeggarsa sagalee caalmaa yoo argatedha.
4) Akkaataa Keewwata kana Keewwata xiqqaa (3) tiin yaada fooyya'insaa koree giddugaleessaatiin dhiyaate irratti yaa'iin paartichaa sagalee caalmaan yoo murteesse danbiin ittiin bulmaataa sun ni fooyya'a.

## *Keewwata Afurtamii Lama--Haala Danbiin Ittiin Bulmaataa Itti Ragga'u*

Danbiin Ittiin bulmaataa kun Yaa'ii 1ffaa Paartii Badhaadhinaatiin guyyaa mirkanaa'e Bitootessa 3/ 2014 irraa eegalee kan ragga'e ta'a.

*Bitootessa, Bara 2014*
*Paartii Badhaadhinaa (Badhaadhina)*
*Addis Ababaa/Finfinnee*